## Waamicha Diddaa Master Pilaanii

## Qeerroo Bilisummaa Irraa

Seenaa keessa bakka olaanaa fi yaaddannoo kan qabatu bara 2014 baatii Ebla irraa kaasee oromiyaa keessatti Diddaa mormii Maaster Pilaanii mootummaan wayyaanee akeekkate dura dhaabbachuun lubbuun ilmaan oromoo itti wareegame, uummanni jumlaadhaan mana hidhaatti guurame, kaan qaamaan miidhame tahullee diddaa kanaan karoorri Maaster Pilaanii yeroof kan hojii irra hin oolle yoo tahu mootummaan wayyaanee yeroo ammaa tuffii uummata oromoo irraa qabu maal fiddiidhaan karoora kana gara hojiitti hiikuuf murtoo irra jiraachuun yeroo ammaa miidiyaalee gaazixaa fi kkf irratti bahaa jiraachuun hubatamaadha.

Haata'u malee dhiigni ilmaan oromoo yeroo darbe dhimma kanaaf dhangala'e hamma dhiiga saree tokkoottillee lakkaa'uu dhiisuun tuffii irra darbee maqaa kanaan sanyii oromo balleessuu fi lafa isaa irra buqqisuu fi dhiiga ilmaan oromoo dhangalaasuuf as bahee. Dhiiga ijoollee oromoo irra tarkaanfachuun kun milkaa'uun tuffii saba guddaa oromoo irraa qaban mul'isaa jiru.

Kanaaf;

- Qonnaan bulaan magaalotaa fi godina addaa oromiyaa keessa jiru mootummaan wayyaanee karoora Maaster Pilaan qabatee ka'e afaan,aadaa fi seenaa uummata oromoo balleessuu irrayyuu

qonnaan bulaan lafa isa irraa buqqa’ee akka baduuf bakka dhabuuf waan qinda’ee jiruuf uummanni qonnaan bulaan kamuu Finfinnee fi naannoo Finfinnee dabalatee uummanni oromoo karoora diinaa kana dura dhaabbachuun akka fesheleessu Qeerroon Bilisummaa waamicha isaa dabarsa.

- Hojjetoota mootummaa maraaf; kanneen oromummaan isinitti dhaga’amuu fi dhiigni barattoota yeroo darbee dhugaaf iyyattu hubattan kamuu ammas mootummaan abbaa irree mootummaan wayyaanee ummata oromoo irratti akeeka baafatee galmaan gahachuudhaaf miidiyaatti baafate kana milkaa’uun dura tokkummaan haa dhaabbannuun waamicha dabarsina.
- Dargaggoota fi barattoota yeroo ammaa boqonnaaf gara maatii jirtan, kanneen gara dhaabbilee barnootaatti deebitanii fi barnoota yeroo gannaa irra jirtaniif, kaayyoon Master Plan akkuma hubattanii fi yeroo darban keessattis gaaffiidhaan dhaadannoodhaan mootummaa wayyaanee dura dhaabbachuun sagalee uummata oromoo addunyaaf dhageesisne ammas kaayyoon kun gonkumaa hojii irra ooluu akka hin qabne bakka jirru FDG finiinsuudhaan karoora diinaa kana karaatti hambisuun Qeerroon waamicha isaa isiniif dabarsa.
- Akka walii galaatti uummata oromoo maraaf mormii yeroo darban lubbun barataa itti wareegame, dhiigni hedduun itti dhangala’e, barataa hedduun hanga ammaatti mana hidhaa keessa jiru, qaamaan madoo ta’anii yeroo ammaa kan jiran dabalatee biyyaa kan ariyaman

yaadachaa yeroo kana karoorri Maaster Pilaanii kun hojii irra ooluun garuu gama keenyaan wareegama jaallan darbanii kana irra ijaajjaa fi tarkaanfachuudha sababaa taheef walii galaan karoorri MASTER PLAN hojiii irra ooluu hin qabu jechuun waamicha waliif dabarsina

- Kanneen kaayyoo diinaa Master Plan deggeruun hojii irra oolchan addatti oromoo kan taatan dhiigni ilmaan oromoo yeroo darbe dhangala'e qoree taatee isaan ha waraantu jennee dabarsina.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati